“Iddoon kun beeksisaaf banaadha Dhaabileen Tajaajilaa fi Oomisha keessan beeksisuu barbaaddaniif lakkoofsa bilbilaa 0915039254 nu qunnamuu ni dandeessu”

# GALAALCHA DIRREE

Tokkummaan Sabdaneeysummaa Nageenya Waaraaf 17

Bara 2 | Lakk. 84 | Maxxansa Torbe | Roobii - Sadaasa / 21 / 2015 ALI | Gatii Qar. 2:00

## Kantiibaan Bulchiinsa Dirree Dhawaa Obbo Kadiir Juhaar Ergaa Baga ittiin isin ga'ee fi hawwii gaarii dabarsan.

Guyyaa Ayyaana Sabaa, Sablamootaa Ummatoota Itiyoophiyaa 17ffaa ilaalchisuun Kantiibaan Bulchiinsa Dirree Dhawaa Ibsa laatan.

Kabajamtoota Jiraatota Bulchiinsa Dirree Dhawaa fi Lammiiwan Biyya teenyaa maraan Guyyaa Ayyaana Sabaa, Sablamootaa fi Ummatoota Itiyoophiyaa “Tokkummaan Sab-daneessaa Nageenya Waaraaf “ Mata duree jedhuun haala addaan barana marsaa 17ffaa kabajnuuf Baga Nagaan Geessan baga geenye!

Itti aansuuniis Danoominni Sabdaneessaa Kan hammatee fi Biyyoota Sirna Federaalaa diriirsan kanneen birootti Kaayyoon Hawaasummaa fi Dinagdee akkuma jirutti ta’ee Adda durummaan gaaffiiwan eenyummaan walqabatanii ka’aniif deebii irra caalaatti fooyya’aa Tokkummaa fi Walabummaa daangaa Biyyaa ittiin eegsisuu akka danda’an ni hubanna.



Biyyi teenya Itiyoophiyaan Biyya, Aadaawan, Duudhaalee, Afaanotaa fi Amantaawan baay’eeti. Danoomaa baay’ee Biyyi teenya qabdu waggoota baay’eef Sirnaan beekamtii laachuu dhabuu fi haala Gaarii ta’een keessumeessu dhabuu fi beekamtii Heeraqabeessa dhabuu irraa Kan ka’e Gaaffiin eenyaa Sabaa akkasumaas gaaffiiwan Hawaasummaa, Dinagdee fi Siyaasaa baroota 1960 keessa ka’e sochii waraaqsa Ummataa ol’aanaa uumuu jalqabeen Sirni Mootummaa Federaalaa hundeefamuun isaa Kan yaadatamuudha.

Kanaafi Danoomaaf ifatti beekamtii kan laachuu Danda’u Heerri Mootummaa Federaalaa Dimokraatawaa Ripablika Itiyoophiyaa Sadaasa 29 Bara 1987 ragga’uu isaan walqabatee Sabaa, Sablamootaa fi Ummatoonni ofiin of Bulchiinsaa, Afaan isaanii dubbachuu fi Aadaa isaaniis guddisuuf Mirga kennameefii fi Heerri Mootummaa Federaalaa Dimokraatawaa Ripablika Itiyoophiyaa Sadaasa 29 Itti ragga’ee sababeeffachuun

Guyyaan Ayyaana Sabaa, Sablamootaa fi Ummatoota Itiyoophiyaa kan baranaa Marsaa 17ffaa qindeessummaa Mana Marii Federeeshiniin Keessumeessummaa Naannoo Sidaamaattiin “Tokkummaan Danooma keenya Nageenya Waaraaf

Gara fuula 3 tti naanna’e

## Miseensonni Kaabinee Bulchiinsaa Piroojektoota ijaaramaa jiran daawatan.



Bulchiinsa Dirree Dhawaatti Bara 2015tti Piroojektoota Mootummaa Federaalaa ijaarsisuun alatti Piroojektoota misoomaa kanneen 170 ol ta’an ijaarsisuuf Kan Karoorfame yoo ta’u kanneen keessaa Piroojektoota gurguddoo filuun Piroojektootni kun haala irratti argaman Gamagamuun akka danda’amuun cinatti Piroojektoota kaneeniin walqabatee

rakkoolee akka Gaaffii beenyaa dabalatee rakkoolee mudatan furuun akka danda’amuuf jiilli Miseensota Kaabinee Bulchiinsaa hammate Piroojektoota ijaaramaa jiran kana daawataniiru.

Sagantaa daawannaan kanaan Piroojektoota misoomaa raawatamaan keessaa Piroojektiin Ijaarsaaf daandii Aspaaltii Duroo keellaa hanga daandii Haaraa Jabuutii Kan Km 4.2 dheeratu, Daandii Malkaa Jabduu irraa Hanga Jiddugala Buufata Daldala Walabaatti geessu, Sabaatanyaa irraa Hanga

Gara fuula 6 tti naanna’e

## Bulchinsa Dirree Dhawaatti Biiroon Dubartootaa,Daa'immanii fi hawaasummaa hoggantoota Dubartootaa waliin tahuun guyyaa Ayyaana sabaa sablammootaa fi ummatootaa 17ffaan kabajame.

Hoggantuun Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa’immanii fi Hawaasummaa Bulchiinsa Dirre Dhawaa Aadde Chaaltuu Huseen waltajjii guyyaa sabaa fi ummata Itoophiyaa 17ffaa dhaadannoo “Tokkummaa Biyyaalessaa Nageenya Waaraa” jedhuun kabajame sababeeffachuun haasawa taasisanii akka jedhanitti

Jireenya Itiyoophiyaa, boonsa ummata gurraacha, ibsaa walabummaa, kan jaarraa hedduuf qoramaa ture - eenyummaa ulfina qabeessa, carraa eenyummaa ulfina qabeessa, waan ajaa’ibaa nu waamu tokkummaa sabaatiin kan badhaate Itoophiyaan aadaa ajaa’ibaa qabdi jechuun ibsaniiru.




Guyyaan Sab-lammootaa fi Ummata Itoophiyaa guyyaa addaa sab-lammootaa fi ummattoonni Itoophiyaa duudhaalee fi tokkummaa sabaa isaanii itti qooddatan Ayyaana guddaa waggaa waggaan kabajamudha jechuun Adde Caaltuun dubbataniiru.

Bara kana Guyyaa Sab-lammootaa fi Ummatoota Itiyoophiyaa yeroo kabajnu marii nagaa mootummaa Itoophiyaa fi mootummaa Itoophiyaa gidduutti Afrikaa Kibbaa Piritooriyaa keessatti gaggeeffame milkaa’ee guyyaa booda

Gara fuula 6 tti naanna’e

# Seenaa Ayyaana Sadaassa 29

Seenaa Ayyaana Sadaassa 29 Sabaa, Sablamootaa fi Ummatoota Itiyoophiyaa

Guyyaan Ayyaana Sabaa, Sablamootaa fi Ummatoota Itiyoophiyaa Sadaassa 29 barana Marsaa 17ffaa Naannoo Sidaamaatti kabajamaati

Seenaa kabaja Ayyaana Sadaassa 29 Marsaa 16ffaa darbe maalfakkaata, Yoom, essattii fi Dhaadannoo maal jedhuun kabajame.

1. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 1ffaa Bara 1999 "Waaraan Heera Mootummaa ibsituu walooma keenyaati " Keessumeessummaa Mana Marii Federeeshiniitiin Magaalaa Finfinneetti kabajame

2. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 2ffaa Bara 2000 "Garaagarumaan keenya miidhagina, Tokkummaa fi Cimina keenya " Keessumeessummaa Naannoo Ummatoota Kibbaan Magaalaa Hawaasaatti kabajame

3. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 3ffaa Bara 2001 " Tokkummaa Dimokraasii keenya cimsuuun Misooma keenya haa saffisiifnuu " Keessumeessummaa Naannoo Oromiyaatiin Magaalaa Finfinneetti kabajame

4. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 4ffaa Bara 2002 "Waldanda'uun Tokkummaa Dimokraasii fi Misooma keenyaaf "

Keessumeessummaa Naannoolee Shanan Ollaa bahaatiin Magaalaa Dirree Dhawaatti kabajame

5. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 5ffaa Bara 2003

" Sabaa, Sablamootaa fi Ummatootni Itiyoophiyaa harka walqabannee Haaromsa Itiyoophiyaa sadarkaa of booda hin deebine irraan geenya "

Keessumeessummaa Mana Marii Federeeshiniitiin Magaalaa Finfinneetti

6. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 6ffaa Bara 2004 "Heerri Mootummaa keenya Danooma Tokkummaa keenyaaf "

Keessumeessummaa Naannoo Tigraayiin Magaalaa Maqaleetti kabajame

7. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 7ffaa Bara 2005 "Dilaas, tokkoos taanee mul'atni Mallas "Heera Mootummaa fi Haaromsa keenyaaf " Keessumeessummaa Naannoo Magaalaa Bahardaaritti kabajame

8. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 8ffaa Bara 2006 "Heerri Mootummaa keenya Haaromsa keenyaaf " Keessumeessummaa Naannoo Soomaalee Magaalaa Jigjigaatti kabajame

9. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 9ffaa Bara 2007 " Itiyoophiyummaan Heera Mootummaa keenyaan lalise Haaromsa keenyaaf " Keessumeessummaa Naannoo Benishaangul Gumuuz Magaalaa Asoosaatti kabajame

10. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 10ffaa Bara 2008 "Hirmaannaan Sabaa, Sablamootaa fi Ummatoota Itiyoophiyaa guddina Tiraanisfoormeeshinii fooya'aaf "

Keessumeessummaa Naannoo Gaambellaa Magaalaa Gaambellaatti kabajame

11. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 12ffaa Bara 2009 "Heerri Mootummaa keenya Tokkummaa Dimokraasii fi Haaromsa keenyaaf " Keessumeessummaa Naannoo Hararii Magaalaa Harariitti kabajame

12. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 13ffaa Bara 2010 "Danoomni Heera Mootummaa keenyaan lalise Haaromsa keenyaaf " Keessumeessummaa Naannoo Afaariin Magaalaa Samaraatti kabajame.

13. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 13ffaa Bara 2011 "Itiyoophiyummaan Danooma keenyaan lalise Tokkummaaf " Keessumeessummaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinneettiin Magaalaa Finfinneetti kabajame

14. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 14ffaa Bara 2012 " Waadaan Heera Mootummaa keenya Nageenya waaraaf "

Keessumeessummaa Naannoo Oromiyaa Magaalaa Finfinneetti kabajame

15. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 15ffaa Bara 2013 "Walqixummaan Tokkummaa sab-daneessaa Badhaadhina waloof "

Keessumeessummaa Mana Marii Federeeshiniitiin Magaalaa Finfinneetti kabajame

16. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 16ffaa Bara 2014 "Obbolummaan Tokkummaa Sabdaneessaaf "

Keessumeessummaa Bulchiinsa Dirree Dhawaattiin Magaalaa Dirree Dhawaattii kabajame

17. Ayyaanni Sadaassa 29 Marsaa 17ffaa Bara 2015 "Tokkummaan Sab-daneessaa Nageenya waaraaf"

Keessumeessummaa Naannoo Sidaamaa Magaalaa Hawaasaatti kabajame

## Gocha ...

*Fuula 12 irraa naanna'e*

Kaliifaa Intarnaashinaal keessatti waan itti fayyadaman hunda sassaabanii qulqulleessaa turan.

Waancaa addunyaarratti deeggartoonni Jaappaan gocha kana yoo raawwatan kan Kuwaataar kun kan jalqabaatii miti.

Waancaa Addunyaa Raashiyaa bara 2018 irrattiis gareen isaanii ramaddii isaaniirraa dabree Beeljiyeemiin 2 fi 3 yeroo injifatamees bifuma kanaan istaadiyeemii qulqulleeysanii bahan.

Deeggartoota qofaa miti, taphattoonni Jaappaaniis kutaa huccuu itti jijjiiratan injifannoo Jarman booda qulqulleeysanii hoteela miidhagaa fakkeeysanii bahan.

Jaappaanitti qulqullinni qaama aadaa isaaniiti. Joollummaa irraa jalqabanii itti guddatan.

Yuunivarsitii biyya Jaappaan Osaakaa keessatti ogeeysa qorannoo hawaasaa kan tahan Iskoot Noorzi, bara 2018 dhimma aadaa qulqullinaa warra Jaappaan irratti yaada kennaniin ''jiruufi jireenya isaaniitiin akka boonan taasisee jira'' jedhanii turan.

''Tapha kubbaa miilaa booda qulqulleeysuun amala mana barnootaatii wajjiin bahaniidha, joolleen mana barnootaatti daree isaaniifi koriidara hunda qulqulleeysanii bahu,'' jedhan.

Amalli warra Jaappaan kun miidiyaa hawaasaa irratti leellifamaa jira.

Gareen Jaappaan tapha jalqabaan Jarmanii injifate tapha 2ffaan ammoo Koostaarikaan injifatamee jira.

Biyyoonni lachuu taphattoota walqixa qabatanii dirree kubbaa miilaa seenan. Dirree keessa kubbaa naanneeysuun Jaappaanitu olaantummaa fudhatee ture. Dubbiin dhumaa kubbaa naanneysuu osoo hin taane goolii galchuu waan taheef warri Koostaariikaa carraa argatan gooliitti jijjiiruun qabxii sadeen barbaadan argatan.

Taphattoonni Jaappaan moohaman kanneen aarii moohamuu isaanii qaruuraa darbuu, lafa dhiituufi miira badaa keessa seenuun deeggartoota isaanii duraanuu mufatan daran akka miira keessa seenan godhuurraa of qusachuun deeggartoota dhiifama gaafachuun jajjabeeysanii dirree bahan.

Deeggartoonni isaaniitiis gareen isaanii moohamee miira ulfaataa keessa jiraataniis gocha isaanii hin dhiifne. Taphaan booda Istaadiyeemii qulqulleeysanii bahan.

Waan gaarii yaaduun gocha gaarii haa hojjannuu!

## Taphoota ...

*Fuula 12 irraa naanna'e*

baay'ate jechuun gaafachaa jiru.

Gaafii kanaaf deebiin taphoota jalqabaa murtaa'an irratti taphattoonni miidhamuu isaaniiti. Garuu deebiin kana qofaan hin xumuramu.

Wali qabaan koree waldaa murteessitoota kubbaa miilaa Idil-addunyaa, murteessaan beekamaan duraanii lammii Xaaliyaanii Peerluujii Kooliinaa murteessitoonni yeroo waancaa addunyaa irratti qisaasamu sirnaan akka too'atan ajajni itti kennamee jira jedha.

Miidhaan taphattootaa, murtiiwwan abbootiin murtee 'VAR'tti gargaaramuun dabarsan, jijjiirraan taphattootaa, rukuttaa peenaaliitii, kaardii diimaa,yeroon taphattoonni qisaasanii fi yeroon taphattoonni erga goolii galchan gammachuu ibsatanilleen osoo hin hafne dhimmoota tapha keessatti hordofamaniidha.

"Waancaa addunyaa waggoota afur dura Raashiyaan qopheessite irratti yeroo qisaasame sirnaan qabamuun daqiiqaawwan jaha, torba,saddeet dabalamaa turan'' jechuun Kooliinaan ibsu.

''Mee yaadaa' jedhan Piirluujii Kooliinaa, tapha boqonnaa duraa irratti goolii 3 yoo galfaman, tapha deebi'anii jalqabsiisuun dura daqiiqaa afurii hanga shanii akka qisaasa'u dubbatu.

Sababa qajeelfama haaraya FIFA murteessitootaaf dabreen lakkoofsi daqiiqaa gubate kan dabalamuu riikardii addunyaa haaraya tahuun galmaa'ee jira.

# Ijoo Dubbii

## "Maaddii Madaalawaan Sirna Nyaataa Maatii Haa Mirkaneessinu"

Yaanni "Maaddii Madaalawaa" yeroo jennu ofii keenyaa oomishuun nyaata madaalawaa haa soorannu kan jedhu of keessaa qaba. Maaddiin madaalawaa yaada wabii nyaataa mirkaneessuu bira darbu qaba. Kunis nyaata gosa garaa garaa soorachuun sirna nyaataa keenyaa sirreessuun dhaloota fayyaa qabeessa, sammuu bilchaataafi humna oomishaa ta'e horachuuf gargaara. Kana galmaan ga'uuf oomishoota nyaataaf oolan gosa garaa garaa oomishuun nyaataan of danda'uun mirkanaa'a. Hojiin gama damee qonnaan hojjetamu sagantaa kana milkeessuu keessatti gumaachaa olaanaa qaba.

Addunyaa kana irratti biyyoonni ce'umsa caaseffama diinagdee fuduun guddina diinagdeefi galii isaanii guddisan ka'umsi isaanii jijjiirama damee qonnaa irratti fidanidha.

Damee qonnaatiin jijjiirama fiduun guddina dinagdee dhugoomsuu, hiyyummaa hir'isuu, wabii nyaataa milkeessuufi eegumsa naannoo mirkaneessuu keessatti qooda olaanaa qaba.

Akkuma beekamu Oromiyaan dachee bal'aafi haala qilleensaa mijataa oomisha qonnaaf ta'u waan qabduuf karoora wabii nyaataafi maaddii madaalawaa mirkaneessuu sadarkaa naannoo fi akka biyyaatti qabamee jiru milkeessuu keessatti carraafi ga'ee guddaa qabdi.

Naannoon Oromiyaa oomisha baay'inaan oomishuu qofa osoo hin taanee oomishaalee gosa garaa garaa nyaata madaalawaa kennuu danda'an naannoo keessatti oomishamuu danda'anidha. Haallii qilleensaafi lafti Oromiyaan qabdu kan Bonaaf Ganna qotamuun oomisha kennuu danda'udha. Gosti oomishaa callaa ta'ee kallattiin nyaataaf oolan kan akka muduraaf kuduraa naannicha keessatti hin oomishamne hin jiru. Carraan kunis Maaddii madaalawaa milkeessuuf gumaacha qaba.

Hojii mootummaan inisheetiivota garaa garaa maddisiisuun bu'aa qabeessummaa damee qonnaa guddisuufi oomishaafi oomishtummaa dabaluuf hojjechaa jirus carraa gaarii jiru kana hojiitti hiikuu galma kan godhatedha.

Inisheetiivonni hojiirra oolaa jiraniifi bu'aan argamaa jiru sagantaa maaddii madaalawaa akka biyyaatti eegalamee jiruufi akka Oromiyaatti guyyaa har'aa bakka Pirezidaantiin MN Oromiyaa obbo Shimallis Abdiisaa argamanitti magaalaa Hoolotaatti eegalame milkeessuu keessatti murteessaadha.

# Ajandaa

## Nageenyaa fi Misoomaaf Ummanni

Ummanni qaama tokkummaafi guddinasaa dura dhaabbatu of-keessaa dhabamsiisaa jira!

Kaayyoon qabsoo Oromoo nageenyaafi tasgabbii, jaalalaafi tokkummaa sabaafi sab lammootaa mirkaneessuun biyya dinagdeen badhaate uumuudha.

Qabsoo isaa kanaanis injifannoo gonfatee fuula isaa gara misoomaatti deeffatee dinagdeen of utubuun biyyaaf bu'aa buusuufis hojjechaa jira.

Injifannoo Oromootti kan mufatte murni maqaa Oromoon daldaltu shaneen aarsaa Oromoon kaffalee injifannoo galmeessetti cilee dibuuf tattaaffatti.

Ta'us ummanni Oromoo qaama injifannoo isaa xuquun dantaa isaa miidhu kamiifuu obsa akka hin qabne qabatamaan shaneetti mul'isaa jira. Bakka jirutti wal gurmeessee qaamolee nageenyaa waliin ta'uun faallaa injifannoo isaa kan taate shanee irratti tarkaanfii inni fudhachaa jiruun diinni bittinnooftee bakka seensaa dhabdeetti.

Diinni badhaadhina Itoophiyaa kamuu biyya kana keessatti bakka hin qabu.

Nageenyi namaafis ta'ee bineensaaf barbaachisaadha.

Nageenyi kan hiyyeessaa fi caasaa nagaanyaa qofa miti, atis abbaan qabeenyaa daldalattee argachuuf kan argatte kuusachuun boru abbaa qabeenyaa guddaa ta'uuf har'a biyya nagaa qabdu ijaaruuf dirqama qabda.

Hojiin nageenyaa kan qaama nageenyaaf qofa kennamu miti, hirmaannaa uummataa,deeggarsa abbootii qabeenyaas barbaachisa.

Kanaafuu dhimma nageenyaa irratti tokko balbala cufatee mana ta'ee,tokko immoo nageenyaaf waardiyyaa dhabbatee hin ta'u. Namni hunduu na ilaallata jechuun nageenyaaf waardiyyaa ta'uufi qaamolee nageenyaaf deegarsa barbachisaa gochu qaba.

Nageenyaa fi Misoomaaf Ummanni wabii ta'ee dhaabbachuu qaba.

### Kantiibaan . . .

*Fuula 1 irraa naanna'e*

" mata duree jedhuun kabajamu akka Bulchiinsa keenyaati kurfiiwan gara garaan kabajama jiru Biyya keenyaaf Dhimma usneetuma boonaaf kabajnu osoo hin taane Tokkummaa, nageenyaa fi birmadummaa Biyya keenyaa eegsifnee ittifufsiisuuf dirqama lammummaa nurraa eegamu yoomiyyuu damaqinaan akka Dirree Dhawaatti bahachuuf Kan kabajama jiruu jedhan.

GALAALCHA DIRREE

Biiroo Dhimmoota Koominikeeshinii Mootummaa
Bulchiinsa Dirree Dhawaa
Torbanitti kan maxxanfamuu Ebla 18/2013 A.L.H kan jalqabame

Roobii - Sadaasa / 21 / 2015 ALI

Qopheessaan Ol'aanaan
Abdii Adam
(0915039254)

Gulaalaan
Iliyaas Aamee

Qopheessitoonni
Yaassiin Abdallaa
Muktar Ahmad

Photographer
Selaam Abebe

Laayaawutii fi Diizaayinii
Sammaan Musxafa

Bilbila :- 025 111 60 61
Fax :- 025 111 49 72
Email :- info pubbure@yahoo.com
Website :- www.direcomm.gov.et
Facebook :- Dire Dawa Government Communication Affairs Bureau
Youtube :- Dire Dawa Government Communication Affairs Bureau

# Kaanaadaan maaliif baqattoota mil. 1.5 simachuuf barbaadde? Kaanaadaan maaliif baqattootaa simachu barbaaddee laata?

Kaanaadaan hir'ina humna oomishaa ishee irratti mudatee guuttachuuf jecha biyyoota gara biraa irraa hanga 2025tti namoota miliyoona 1.5 galchuuf hojjataa jirti.

Kana jechuunis baqataa hunda simatti jechuu miti.

Jalqaba baatii kanaarratti mootummaa federaalaa Kaanaadaa hanga bara 2025tti waggaan baqattootaa kuma 500 simachuuf karoora guddaa baasee jira.

Haaluma kanaanis waggootaa sadani ittaanan keessatti namoota gara miiliyoona 1.5 ta'an gara biyyaa Kaanaadaa ni galu. Safartuun yaada ummataa dhiheenya taasifamee akka mul'iseetti, lammiilee gara biraa simachuun ummata irratti yaaddoo ummeera.

Karoora Kaanaadaa isa guddaa

Kaanaadaan baroota dheeraadhaaf jiraattoota dhaabbataa (kan yeroo muraasaa qofaaf biyyattii keessa jiraatan) hawwachuuf yaalaa turte. Kaayyoon isaas ummataa baayyifachuufi diinagdee guddifachuufiidha.

Bara darbeettis biyyattiin namoota 405,000 dhaabbataan fudhattee jirti. Kunis seenaa biyyattii keessatti isa olaanaadha.

Kaanaadaan akkuma biyyoota lixaa kaaniitti ummtaa lakkoofsa dahumasaa gadaanaa fi kan umuuriin jaaran hedduu qabdi.

Sababii kanaatiin biyyattiin guddachuu yoo barbaachisee baqattoota simachuu qabdi jechuudha.

Duraanis taanaan baqattootatu human hojjataa guutuu sadarkaa jechisiisuun haguuga ture. Bara 2032tti ammo guddina ummata biyyattiin ni haguuga jedhamee eegama jedha odeeffannoo mootummaa.

Mootummaan Kaanaadaa jalqaba baatii kanaatti waggoota dhufan sadi keessatti baqqattoota kuma 500 haaraa akka simatu beeksiisee jira. Lakkoofsi kunis kan bara darbee irra parsantaa 25n kan caaluudha.

Addunyaarrati eddoo adda ta'e

Har'a lammiilee Kaanaadaa afur keessaa tokko kan baqatummaan biyyattii seeneedha. Kunis biyyoota G20 keessaa ira olaanaadha. Ameerikaa biyya wal makaa jedhamutti illeen, baqattoonni parsanataa 14 qofaadha. UK'ttis parsantaan 14 kan biyya biraa irraa dhaqedha.

Yunivarsitii Oksifordiitti Daareektara baqatummaa kan ta'an Maadeeliin Sumpashin akka jedhaniitti, haala lakkoofsa kanaatiin UK baqattoota simachuun booddeetti hafte jirti jechuu miti. "Garuu ammo adda kan taateedha" jedhan.




Baaiyna ummataatiin dacha Kaanaadaa kan qabdu UKn durumaa ummataa baayyee qabdi.

Ummataa miliyoona 38 ol kan qabdu Kaanaadaan, biyya addunyaa tanarra dachii bal'aa qaban keessaa takka. Kanaafuu guddachuuf eddo qabdi.

"Waliigalattis, UKn haala Kaanaadaan taasiftuun guddachuuf lakkoofsa ummataa dabaluuf kaayyoo hin qabdu turte" jedhan.

Yunivarsitii Maakmaastar keessatti barsiisaa saayinsii siyaasaa kan ta'an Jeefar Kaameeroon gama isaanitiin biyyoonni akka Kaanaadaa jiran, ummata lakkoofsi dahuumaa gadaanaafi namoonni umuuriin jaaran itti baayyatu qaban, milkaa'inni sirna baqataa kamuu kan hundaa'ee deeggarsa ummataa irratti jedhu.

"Biyyoota hedduu keesstti dhimmi danqaan yaada ummataati" jedhu.

Lakkoofsi baqattoota gama Kibba Ameerikaatiin daangaa qaxxamuruun gara biyyattii seenan kan yoomiyyuu caalaa sadarkaa olaanaa irra gaheera. Hojii jiruun alatti baayyiinni baqattootaa yaaddoo umeera.

Biritaaniyaan osoo Gamtaa Awurooppaa keessaa hin bahiin dura, baqattoonni Gamtaa Awurooppaa irraa gara UK imalan miira hamaa uumee ture.

Haata'u malee, waggoota hedduu darbani keessa ilaalchi ummann waa'ee baqattootaatiif qabu garii ta'uun dabalaa jira.

Kunis sababii to'annoon biyyattiin namoota biyya biraa irraa gar asana dhaqan irratti taasiftuu akka cimee waan amananiifiidha jedhu oggeessi kun.

Kaanaadaan gama isheetiin baqattootaaf deeggarsa olaanaa qabdi.

"Ani akkan yaaduutti sababiin tokko baqattummaan gara Kaanadaatti taasifamu kan mootummaadhaan sirriitti to'annoon irratti taasifamuufi kan haala dantaa Kaanaadaa eegsiisuun bulfamudha amantaan jedhu ummaataa keessa waan jiruufiidha" jedhan Kaameeroon.

Kana jechuun garuu waa'ee baqattootaa irratti yaaddoon omtu hin jiru jechuu miti.

Waggoota dhihoon asitti daangaa US irratti lakkoofsi baqattootaa baayyachuun mormii kaasee ture.

Kaanaadaatti bara 2018tti Paartiin Ummataa (People's Party of Canada) dhufuun mata dure kun filannoo bara 2019 irratti akka dursaan ka'u taasiseera.

Kutaaleen Kaanadaa adda addaas baqattootaaf ilaalcha garaa garaa qabu.

Tibba mootummaan waggaatti baqattoota hanga kuma 500 simachuuf karoora qabaachuu ifa taasiseetti, bulchiinsi Qubeek kan seera Immigreeshinii mataa ishee baaftu, waggaatti baqattoota 50,000 ol akka hin simannee beeksifte jirti.

Kana jechuunis bulchiinsi Quubeek kan ummata biyyattii keessaa harki 23 keessa jiraatu, baqattoota harka 10 qofaa simmatti.

Ministirri Mummee Qubeeki, Mr Firaansi Leegaalti yoo baqattoonni hedudun seenan, afaan naannichaa Faransaayi dubbachu dadhabsiisa ta'a jechuun akka isaan yaaddeesse dubbatan.

"Baqattoota kuma 50 simachaa Faransaayiffa kufuurraa oolchuun ni rakkisa" jedhan.

Kaanaadaan guddachuudhaaf carraa hedduu qabaattulleen, eddoowwan tokko tokkootti ammumaanuu rakkoon itti dhagahamaa jira.

Magaaloota gurguddoo akka Toroontoo fi VaanikuVar keessatti rakkoo mana jireenyaa madaalawaa qabu.

Yaada ummataa namoota 1,537 irra walitti qabameen, namoota yaada kennani afur keessaa sadan isaanii karoorichi, tajaajila mana jireenyaafi hawaasummaa irratti rakkoo qabaata jechuun akak yaadda'an ibsan.

Adeemsa Kaanaadaa Kaanaadaa haalawwan biyyoota lixaa kaan irraa adda itti taatee kan biraa, xiyyeeffannoo baqatummaa diinagdee irra qabduudha.

Kaanaadaan jiraattoota dhaabbataa keessaa wallakkaa kan ta'an kan simatte ogummaa qabaniin malee maatii waliitti makuuf yaadee miti.

Mootummaan lakkoofsi kunis hanga bara 2025tti gara parsanataa 60 geessisuuf abdataa jira.

Kanaaf sababiin tokko ammo haala sirni Kaanaaddaa itti caaseeffameedha jedhu Kaameeroon.

Kaanaadaan bara 1960mota keessa sadarkaa biyyaatti sirna kootaaa keessaa bahuun qabxii irratti xiyyeeffachuun, baqattoota ogummaa qabaniif diinagdee biyyattiif fayyadaniif dursa kennuu irratti xiyyeeffate.

"Amaas haaluma walfakkaatuu hordofaa jirtii" jechuudhaan dubbatan.

Awustiraaliyaafi Niiwizilaandi sirnoota walfakkaataa qabaatan illeen, sadarkaa addunyaatti yoo ilaalamee garuu garaa garummaa qaba. UKn jiraattoota afur keessaa tokkoo ol kan ta'an dinagdee keessatti hammachuun fudhataman kan qabaniidha.

Ameerikaa keessattis Kaardii magariifni parsanataa 20 ta'u sababii faayidaa diinagdeetiif kennamaaf.Biyyoon lamaanuu baqattoota faayidaa diinagdee qaban gara bulchiinsoota isaanii galchuu dabaluuf abdataa jiru.

# Badhaasa 'Gaaddisaa Awwaardi' jalqabaa

Fiqruu Zawdeetiin

Sirni Awwaardii Gaaddisaa jalqabaa maatii barreessaa Gaaddisaa Birruufi Waldaa Barreessitoota Oromiyaatiin qophaa'e Sanbata darbe haala daran miidhagaadhaan Finfinnee, Hoteela Ilillii Intarnaashinaalitti adeemsifameera.

Sirnicharratti miseensonni waldichaa, maatiin barreessaa hangafticha Oromoo, Gaaddisaa Birruu akkasumas miseensi Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataa Doktar Diimaa Nagoo dabalatee keessummoonni adda addaa argamaniiru.

Keessummaan kabajaa sagantaa badhaasa ogbarruu kanaa kanaa kan ta'an Doktar Gammachuu Magarsaa hirmaattotaaf ergaa dabarsaniiru.

Maqaan awwaardichi ittiin moggaafame kun hayyuu Gaaddisaa Birruu har'a lubbuudhaan hinjirre kitaaba asoosamaa jalqabaa, KUUSAA GADOO jedhamu barreesseefi Waldaa Barreessitoota Oromiyaa hundeesseefi dura taa'umaan waggoota afuriif tajaajileerraati.

Guyyaa du'aan boqochuu waggaa tokkoffaa barreessichaa sababbeeffachuunis saganticharratti sirni yaadannoofi dungoo qabsiisuu maatii Gaaddisaa Birruufi hirmaattotaan adeemsifameera.

Ijoolleen barreessichaa waa'ee abbaasaanii ilaalchisuun haasaa taasisaniiru; dhaamsas dabarsaniiru. Pirezidaantiin Waldaa Barreessitoota Oromiyaa, Lalisaa Idiris waa'ee awwaardichaa ilaalchisuun haasawa gabaabaa taasiseera.

Barreessitoota hangafoota keessaa Barreessaafi Gaazexeessaa Namoo Daandii (Dhaabaa Wayyeessaa) barreessaa Xahaa Abdii, barreessaa Abdii Qophee, Barreessituu Maaramee Harqaa, barreessaa Asafaa Tafarraa Dibaabaa (PhD), barreessaa Kumsaa Burraayyuu, barreessaafi Gaazexeessaa Isaayyaas Hordofaa badhaafamoo Gaaddisaa Awwaardi ta'aniiru; shanansaanii karaa bakka bu'ootasaanii badhaasa addaa qophaa'eef, barreessaa Isaayyaasiifi Doktar Asafaan ammoo bakkatti argamuun badhaasasaanii fudhataniiru.

Seenaafi bu'aan hojii badhaafamtoota kanneeniis tokko tokkoon bal'inaan dubbisaan dhiyaateera.

Badhaasni maqaa Barreessaa Gaaddisaa Birruutiin qophaa'es Doktar Diimaa Nagawootiin maatiif kennameera.

Badhaasota irranatti eeraman keessummoonniifi ogeessonni adda addaa kan kennan yoo ta'u, kanneen keessaa Barreessaa Toleeraa Fiqruu; walittiqabaa




Boordii Waldaa Barreessitoota Oromiyaa, Barreessaafi Gaazexeessaa Kidaanuu Zallaqaa; Artisti Abaaboo Warqinaa; Gaazexeessaafi Barreessaa Hinseenee Makuriyaafaan ni eeramu. Sirni badhaasaa Gaaddisaa kun waggaa waggaadhaan kan ittifufu ta'uunis ibsameera.

Gaazexaan Bariisaas seenaa gabaabaa barreessitoota hangafoota ogbarruu Oromoo keessatti shoora olaanaa gumaachuun marsaa jalqabaa kanaan badhaafamanii kan barreessaa p Birruurraa eegaluun isin dubbisiisuu yaala.

Seenaa Gabaabaa Obbo Gaaddisaa Birruu

Onkoloolessa 6, bara 1950 abbaasaa Obbo Birruu Waaqaafi harmeesaa Aadde Bajigee Gonfaarraa Godina Arsii, Aanaa Leemmoofi Bilbilootti dhalatee guddate.

Barnootasaa sadarkaa 1ffaa (kutaa 1ffaa- 8ffaa) Mana Barnootaa Boqqojjiitti erga baratee barnootaasaa sadarkaa 2ffaa (9ffaa- 10ffaa) Mana Barnootaa Raas Dargee gaafasii Mana Barnootaa Asallaa har'atti barate.

Dhaabbata Leenjii Barsiisotaa Asmaraafi Jimmaatti barnoota dippiloomaa baratee xumure.

Barnoota booda Godina Arsii, manneen barnootaa kanneen akka Boolloo, Hayilee Abbaa Marsaafi Boqojjii jedhamanitti waggoota jahaaf tajaajileera. Yunvarsitii Finfinneetti BA digriisaa jalqabaa Ingiliffaafi Ogbarruudhaan barateera.

Ergasii Akkaadaamii Afaanota Itoophiyaatti ramadamee waggoota sagalii oliif tajaajileera. Barnootasaa digrii lammaffaa (MA) Ogbarruudhaan achuma, Yunvarsitii Finfinneetti fudhate. Dabalataanis, dippiloomaasaa dhaabbata, 'American School for International studies' jedhamurraa waldhabbii furuu ('conflict resolution')dhaan fudhateera.

Waajjira Gargaarsa Oromiyaa keessa waggoota sadiif akkasumas dhaabbilee mitmootummaa garagaraa keessa waligalatti gara waggoota 18f tajaajila kenneera.

Barreessaa Gaaddisaa Birruu nama ogummaawwan adda addaa kanneen akka barsiisummaa, qophii galmee jechootaa, ogbarruu, qunnamtii ummataa, qophiifi hojiirra oolmaa pirojektiifi kanneen biroo gonfateedha.

Gama hojiilee ogbarruutiin yoo ilaallee:

1. Asoosama Kuusaa Gadoo jedhamu bara, 1983/1991

2. Galmee jechoota Afaan Oromoo namoota kaan waliin bara, 1983/1991

3. Barruulee birmata jedhamu bara, 1985/1993

4. Kitaaba 'peace and reconciliation' jedhamu Afaan Oromoofi Amaaraatti jijjiiruu, bara 1993/2001

5. Asoosama Dhaamsa Abbaa jedhamu, bara 1994/2002

6. Fedhii gamtokkeefi ogbarruuwwan gaggabaaboo biroo, bara 2001/2009

7. Namummaafi ogbarruuwwan gaggabaaboo barreessitoota biroo waliin, bara 2004/2012

8. Asoosama 'burreen bifa tokkoo miti' jedhu bara 2007/2015 hojjeteera.

Bu'uuressitoota Waldaa Barreessitoota Oromiyaa keessaa tokko. Waldichas Pirezedaantii ta'ee waggooa afuriif' tajaajileera. Magaalaa Buraayyuutti mana barumsaa 'Lalisees Talent' jedhamus hundeesseera.

Dorgommii Ameerikaatti taasifameen ogbarruu, 'Waxala Qaccee Gaabbii' jedhamu dhiyeessuudhaan tokkoffaa bahee badhaasa maallaqaafi maxxansa ogbarrichaa bara 1995/2003 fudhateera. Dorgommii achuma, Ameerikaatti taasifameen "Fedhii Gamtokkee" dhiyeessuudhaan sadaffaa bahee badhaasa maallaqaa bara 1996/2004 fudhateera.

Abbaa ijoollee afurii (dhiira lama, dubara lama)ti. Obsa qabeessa, utubaa ogbarruu Oromoo, hubataafi amala toleessa.

Barreessaa Gaaddisaa Birruu dhukkubsatee osoo wal'aansarra jiruu ALA gaafa guyyaa 19/07/2021 umuriisaa ganna 63ffaatti du'an addunyaa kanarraa boqote.

## Carraa hojii . . .

Fuula 7 irraa naanna'e

seera bittaa mootummaa hinhordofiin raawwatame jiraachuun mirkanaa'eera.

Manneen hojii mootummaa otoo seeraafi qajeelfama hinhordofin, bittaa raawwatanii argaman keessaa: OBN qarshii miliyoona 65.87, Waajjira Maallaqa Bulchiinsa Magaalaa Roobee qarshii miliyoona 9.22, Komishinii Mana Sirreessaa Oromiyaa qarshii miliyoona 7.89, Waajjiraaleen Maallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Bishaan Gurraachaa qarshii miliyoona 7.19, Aanaa Oomoo Naaddaa qarshii miliyoona 5.3, Waajjiraaleen Maallaqaa Aanaa Jimmaa Arjoo qarshii miliyoona 4.99fi Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa qarshii miliyoona 4.9 kanneen qajeelfama bittaa otoo hinhordofin bittaa raawwatanii argaman ta'uun mirkanaa'eera.

Kaffaltiin raawwatamu kamuu otoo herrega baasiitti hingalmaa'in dura akkaataa labsii, dambiifi qajeelfama bulchiinsa faayinaansii akkasumas akkaataa seeraafi qajeelfama bittaatti raawwatamuusaa ragaalee barbaachisoon deggeran dhiyaachuusaanii mirkaneessuu, ragaan hinguutamne akka dhiyaatu taasisuufi gara fuula duraatiif xiyyeeffannoo barbaachisaa gochuun seeraafi qajeelfama diriire hordofuun raawwatamuu qaba.

# Guyyaa Qaama Miidhamtoota

□ Guyyaa Qaama Miidhamtoota Idil-adunyaa maaliif kabajna?


Guyyaa Qaama Miidhamtoota Idil-adunyaa baranaa Sadarkaa adunyaatti yeroo 31ffaaf akka Biyya teenya Itiyoophiyaatti yeroo 30ffaaf ni kajama! Ayyaanni kun akka kabajamu Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii Bara 1992tti yaa'ii Idilee geggeesseen Kan labsame.

Bu'ura labsichaan Kaayyoon kabajamuu Ayyaannichaa dhimma Qaama Miidhamtootaa irratti hojiiwan hubannoo uumuu raawachuu fi Qaama Miidhamtootni Kabajaa, Mirgaa fi Nageenyi Qaama Miidhamtootaa eegamee dhimma Siyaasaa, Hawaasummaa, Dinagdee fi Aadaa irratti qixaan hirmaatoo taasisuuf haalli mijaawaan akka uumamu Qaama Dhimmi ilaalatuuf Carraa Gaaffii itti dhiiheefatan uumuudhaafi.

Biyyi teenya Itiyoophiyaan Kan mallateesitee fi Qaama Heera ishee Kan taasifate Konveeshiniin Mirga Qaama Miidhamtootaa kan Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii bu'ura kaayyoo gubbaatti eeramaniin akka Kabajamu ni labsa.

Ayyaanichi Biyya teenyatti akkamiin kabajamaati?

Biyya teenyatti Guyyaa Qaama Miidhamtoota Idil-adunyaa yeroo 29iif sadarkaa gara garaattiin kabaja-meera waggoottan muraasaan asitti garuu Ayyaanicha Magaalaa gudditti qofatti kabajuun kaayyoo qabameef hin milkeessu jedhamee waan amanameef Sadarkaa Biyyaalessaatti Naannoleen




marsaadhaan akka kabajan ta'eera.

Ayyaanicha Magaalota Naannolee irra naanna'uun kabajuun jijjiirama qabatamaa fiduuf dandeessiseera. Keessattuu iddoowan Magaalota Naannolee Kan sosochiin ummataa itti geggeefaman Ilaalchota dogoggoraa Qaama Miidhamtootaaf hawaasa biratti calaqisuu ture fooyya'iinsaan jijjiiramne jiru Kan salphaatti ilaalamuu miti.

Fuulduraaf hoo maaltu yaadame ?

Ayyaanni kun girgirii guyyaa tokkoo fi Kan Galma murtaa'e qofatti kabajnu ta'uu hin qabu. Ayyaannichi sadarkaa sadarkaan akka kabajamuu fi kaayyoo qabameef akka milkeessuuf dhaabileen Mootummaa fi Miti-Mootummaa akka-sumaas hirmaannaa damee dhuunfaas mirkaneessuu qaba.

Keessattuu jaarma'iinsa Mootummaa fi Bulchiinsi Naannolee ayyaannicha kabajuun dhimma dhimma boruuf jennu fi dhimma qaama murtaa'eef jennee dhiifnu ta'uun irra hin jiraatu.

Biyya teenyaatti Hawaasa Miiliyoona 20 tilmaamamu kan Qaama Miidhamtoota Mirga kabajuun dhimma Siyaasaa, Hawaasummaa, Dinagdee irratti qixaan hirmaatota taasisuuf Bulchiinsi Magaalotaa fi Naannoolee Xiyyeefannoo sirrii laachuu hojjachuutu irra jiraata.

"Hojiiwwan Kalaqaa Hammatoonii fi Furmaanni Cehuumsaa Dhaqabdummaa Hunda-galeessa Qaama Miidhamtoota Itiyoophiyaaf!"

Guyyaa Qaama Miidhamtoota Idil-adunyaa Sadarkaa adunyaatti yeroo 31ffaaf akka Biyya teenya Itiyoophiyaatti yeroo 30ffaaf Bara 2015

Dirree Dhawaa

□ Qaama Miidhamaa akkaan hin taaneef wabii hin qabu!

□ Qaama Miidhamtummaan Hojjachuu dadhabuu miti!

□ Qaama Miidhamtummaan Hojjachuu irraa Nama hin dhoorku!

□ Qaama Miidhaamtummaan taatee yeroo Mara akka gaadiduutti nu Faana deemuudha!

□ Misoomni Qaama Miidhamtoota hin hammatin guutuu hin ta'u!

□ Hirmaannaa Qaama Miidhaamtootaa mirkaneessuun Ittigaafatamummaa hunda keenyaati!

□ Lakkoofsi Qaama Miidhaamtoota Biyya teenyaa sirriitti beekamuu qaba!

□ Kabajaan Namummaa, Haqaa fi Misoomni Qaama Miidhamtootaaf!

## 'Iddoo . . .

Fuula 12 irraa naanna'e

deeggartoonni Arjentiinaa gammachuusaanii wayita ibsatan, Mesiin harka bal'isee gara isaanitti fiigee ture.

Miira haara galfiitiin gara deeggartoota biyyasaaatii ilaale.

Boqonnaan booda saffisaan miliqaa figuutti ka'e fi saffisaan kubbaa daddabarsuun galchitti geeddareera.

Deeggartoonni Arjentinaa sana booda gammadaa, Mesii galaateeffatan.

Itti aansuun Enzo Fernaadez daqiiqaa 87 booda galchii lammeessoo itti dabale.

Mesiin hirmaannaa Arjentinaan Waancaa Addunyaa biyya Kuwaatarirratti qabdutti lubbuu hore.

Tapha sana booda Mesiin akkas jechuun toora miidiyaa hawaasarratti barreesse; "har'a injifachuutu nurra ture kanaaf injifanneerra, ammas Roobii dhuftu taphni fuuldura keenya jira, ammas waltaane morkachuu qabna," jedhe.

## Miseensonni . . .

Fuula 1 irraa naanna'e

Waajjira Bulchiinsa Misooma Lafaatti (Booraniin) geessuu fi Riqicha dabalataa, Daandii Naannawa Ganda Abdii Boruutti argamu, Daandii Qajeejcha Poolisii Dirree Dhawaa duraan Hoteela Siistaa qax-aamuree darbu daawataniiru.

Sababa Piroojektoota misoomaa kanaan qaamolee hawaasaa buqa'an iddoowan birootti haala ittiin qubsiifaman foo'uu fi Piroojektootaas Miseensonni Kaabinee Bulchiinsaa qaamaan daawachuun isaanii dhimmichi dhimma ijoo murteen akka Itti laatamuu barbaadamu taachaa Itti-Aanaan Kantiibaa Bulchiinsaa fi Hooganaan Biiroo Daldala Indastirii fi Invastimantii Bulchiinsaa Obbo Harbii Buuh daawannaan kana irratti ibsan.

## Bulchinsa . . .

Fuula 1 irraa naanna'e

ta'uun isaa ayyaana kana duraa irra kan godhuu dha jechuun ibsaniiru.

Waliigalteen kun biyyattiif boqonnaa haaraa baneera - biyyi keenyas ta'e ummanni ishee biyya keenya nagaa irraa gara misoomaatti akka ceesisuuf hanqina carraa hojii mootummaan keenya sodaa hin qabne uume irraa kan ka'e guyyaan diinagdee dubartootaa abjuu biyya keenyaa ta'ee seera bahee jira Adde Caaltuun kaasaniiru.

# Carraa hojii uumuufi hudhaaleesaa

Rakkoon hoji dhabdummaa rakkoo biyyoota guddachaa jiranii qofa osoo hintaane rakkoo addunyaa guutuuti.

Baay'ina ummata addunyaa kanaa keessaa harka guddaa kan qabu, saffisaan dabalaa kan jiruufi rakkoo hojii dhabdummaaf kan saaxilaman dargaggoota.

Biyyi keenya Itoophiyaan dhimma carraa hojii uumuurratti xiyyeeffannoo guddaa kennuun imaammataafi tarsiimoo bocuun erga hojjechuu jalqabdee baroota hedduu lakkoofsisteetti. Haa ta'u malee ammallee biyyattiitti rakkooleen hojii dhabdummaa, dinagdee, siyaasaafi nageenyi dhabamuun kanneen ijoo ta'aa jiru.

Itoophiyaa keessatti yeroo baay'ee hoji dhabdummaan akkaataa imaammata ba'eetiin hojjechuu dhiisuun qaamolee hoji raawwachiiftuu, aadaa hojii dhabuun, hojiin malaammaltummaa caasaa hojii uumuu keessa jiru, harkifachuu tajaajila manneen hojii mootummaa keessa jiruufi sababoota biroorraa kan ka'e Itoophiyaatti sadarkaa barbaachisuun carraa hojii hojidhabdootaf uumuun akka hindanda'amne qorannoowwan ni mul'isu.

Oggaa gara Oromiyaatti dhufnu bara bajataa 2014tti lammiilee miliyoona 1.6 ta'aniif carraa hojii uumuun kan danda'ame ta'uu Pirezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa yaa'ii Caffee Oromiyaa tibbana adeemsifamerratti ibsaniiru. Carraa hojii uumame keessaayis miliyoonni 1.3 dhaabbiin yoommuu ta'u, kumni 300 immoo carraa hojii yeeroof uumameedha.

Akka gabaasa Obbo Shimallisitti, guddina hawaas dinagdee ummata naannichaa sadarkaa sadarkaadhaan fayyadu galmeessisanii hiyyummaa hir'isuuf mootummaan naannichaa hojiiwwan misoomaa gaggeeffaman kamuu hirmaannaafi fayyadamummaa dargaggootaa giddugaleessa gochuun bulchiinsi mootummaa naannichaa hojjechaa jira.

Carraa hojii uumame kana keessatti humna nama barateef dursa kennuun eebbifamtoota dhaabbilee BLTOfi yunivarsiitiiwwan adda addaarraa bahan kuma 82 fayyadamaa ta'uunsaanii akka jalqabbii gaariitti kan ilaalamu ta'us; hirmaannaan dubartootaa dhibbantaa 36 qofa waan ta'eef garaagarummaa kana dhiphisuuf irratti hojjechuun barbaachisaa ta'uu Obbo Shimallis kaasaniiru.

Carraan hojii uumame kun lakkoofsaan baay'ee ta'us baay'ina hoji dhabdoota naannicha keessa jiran wajjin yoommuu walbira qabamee ilaalamu daran xiqqaa waan ta'eef ammallee hudhaalee hojii uumuu faana walqabatan sadarkaa sadarkaadhaan furuudhaan caalaatti irratti hojjechuun barbaachisaa ta'uu eeraniiru.

Dargaggoonni intarpiraayiziidhaan gurmaa'an bu'aa qabeessa akka ta'aniif sochii taasifamaa tureen liqii qarshii bil.3.086 kan kennameefi deeggarsi walitti hidhiinsi gabaa biliyoonaa kan qarshii biliyoona 15 ta'u akka raawwatames addeessaniiru.

Dabalataanis deeggarsa faayinaansii intarpiraayizootaaf taasifame faana walqabatee akka ibsanitti, intarpiraayizoota seektara manufaakchaaringiirratti bobba'an maashinaroota hojiisaaniif barbaachisu akka argatan gochuuf sochii taasifamaa tureen meeshaalee kaappitaalaa adda addaa qarshii miliyoona 195tti tilmaamamu dhiyeessuun danda'ameera.

Akkasumas tarkaanfii haara manneen baadiyyaa ammayyeessuuf mootummaan labse milkeessuuf maashinoota xuubii hojjetan 93 kan qarshii miliyoona 25tti tilmaamamu bituun dhiyeessuun gara ijaarsaatti akka galan taasifameera.

Haaluma walfakkaatuun dargaggoonni naannichaa carraa hojii argachuu bira darbee abbaa qabeenyaa ta'uun lammiilee birootiif carraa hojii akka uuman gochuuf intarpiraayizoonni 740 gara guddattuu giddugaleessatti akka ce'an taasifamuu Obbo Shimallis ibsaniiru.

Mootummaan kallaattiidhan carraa hojii uumurra namootni ofiisaanitiif carraa hojii akka ummataniif hojiin hubannoo cimsuufi dargaggoota teknolojii faana walitti madaqsuu, dargaggoota abbaa kalaqaa gochuufi sochiin ogummaa dargaggootaa dabaluu baay'inaan bara bajatichaa keessa hojjetamaa kan tureedha. Hojilee hojjetaman kanaan bu'aan hamma barbaadamu dhufuu baatus dargaggootni heddu abbaa kalaqaa akka ta'an caffichaaf ibsaniiru.

Lammii ogummaa qabu horachuun dandeettii carraa hojii uummachuu fooyyessuuf leenjifamtoota idilee kuma 70 simachuun ogummaawwan adda addaatiin akka leenji'an gochuun akka danda'ameefi leenjiiwwan kunniinis beekumsa dilbii hawaasa bira jiru misoomsuufi teknolojiidhaan deeggaruun hojii uummachuuf kan isaan gargaaru ta'uu Obbo Shimallis dubbataniiru.

Waltajjii hayyootni Yunivarsiititii Haramayaa waa'ee aadaa hojiirratti taasisan bu'uureffachuun akka ibsanitti, baay'inni hojidhabdoota naannichaa yerodhaa gara yeerotti dabalaa jira.

Akka yaada waltajjii kanarratti ka'eetti mootummaan naannichaa sagantaa Warraaqsa Dinagdee Oromoo jedhamuu jalqabus rakkoowwan adda addaa, kessattuu rakkoon nageenyaa bitaafi mirgaan, bahaafi lixaan uumame akka boodatti harkifatu ykn dhaabbatu taasiseera,

Yaaliiwwan 'Warraaqsa Dinagdee' jalqabamanii turan oggaa akka fakkeenyaatti kaasanis, kan akka Keenyaa Bevereej, Ijaarsa Walaabuu, Geejiba Gadaa kan gara hojiitti galan maqaa dhahaniiru.

Mootummaanis ummataaf hojii kennuuf dirqama qaba, dirqamni kun heera keessatti ifatti barreeffamee jira jedhu haayyotni waltajjii kanarratti hirmaataniifi gaggeessan. Dargaggootni naannoo Oromiyaa amala hojii tuffachuu dhiisuu akka qabanis gorsaniiru.

Guddinni dinagdee bu'uura amansiisaa akka qabaatuuf argannoo odiitif xiyyeeffannoo kennuu

— August 13, 2022 comments off

Kutaa Qophiitiin

Maxxansa keenya torban darbeetiin gabaasa argannoo odiitii Manni Hojii Odiitara Muummichaa Oromiyaa Caffee Oromiyaatiif dhiyeessse qindeessinee isin dubbisiisuun keenya ni yaadatama. Maxxansa kanaanis kutaa ittaanu soneeffannee dhiyeessineerra.

Herrega Baasii

Herregni baasii seeraafi qajeelfama bulchiinsa faayinaansii eegee raawwatamuusaafi bu'uura hojmaata herregaatiin galmaa'ee gabaafamuusaa mirkaneessuuf odiitii taasifameen argannowwan armaan gaditti tarreeffaman mul'ataniiru.

Manneen hojii mootummaa labsii, dambiifi qajeelfama bulchiinsa faayinaansii hordofuun kaffaltii raawwachaa jiraachuusaanii mirkaneessuuf odiitii taasifameen manneen hojii 311 keessatti qarshii miliyoona 218.09 otoo hojmaata bulchiinsa faayinaansii mootummaa hineegin kaffalamee argameera.

Manneen hojii argannoo guguddaan irratti mul'ate keessaa Waajjiraaleen Maallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Awwadaay qarshii miliyoona 39.37, Aanaa Qarsaa qarshii miliyoona 11.44, Aanaa Diggaa qarshii miliyoona 8.4, Waajjirri Maallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Nagallee Arsii qarshii miliyoona 7.75fi Waajjirri Maallaqaa Aanaa Diinshoo qarshii miliyoona 7.64 ta'uun mirkanaa'eera.

Odiitii herrega baasii ragaa guutuu qabaachuu mirkaneessuuf taasifameen manneen hojii 170 keessatti qarshii miliyoona 839.48 osoo ragaa guutuun mirkaneesssa baasii hindhiyaatin baasii ta'ee argameera.

Manneen hojii argannoon kun keessatti argame keessaa Komiishinii Ispoortii Oromiyaa qarshii miliyoona 28.33, Waajjiraaleen Maallaqaa Aanaa Daduu qarshii miliyoona 26.48, Aanaa Biloo Noophaa miliyoona 5.55fi Waajjirri Maallaqa Bulchiinsa Magaalaa Dukam miliyoona 4.17, Waajjira Maallaqa Godinaa Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee miliyoona 4.00, Biiroo Dhimmaa Dubartiifi Daa'imman Oromiyaa miliyoona 3.86, Waajjira Maallaqa Bulchiinsa Magaala Laga Xaafoo Laga Daadhii miliyoona 3.77fi Waajjira Maallaqa Aanaa Martii qaarshii miliyoona 3.49 sektaroota otoo ragaa guutuun hindhiyaatin baasii raawwatan keessaa isaan guguddaa ta'uun mirkanaa'eera.

Herregni baasii labsii, dambiifi qajeelfamoota bulchiinsa faayinaansii irratti hundaa'ee akka raawwatame akkasumas tajaajilli manneen hojii argatan kaffaltii raawwatee wajjin kan walsimu ta'uu mirkaneessuuf odiitii taasifameen manneen hojii 128 keessatti qarshii miliyoona 81.69 kaffaltiiwwan adda addaa irratti caalmaan kaffalamee argameera.

Manneen hojii kaffaltii caalmaan kaffalan keessaa kanneen argannoon mana hojii isaanii gurguddaa ta'e, OBN qarshii miliyoona 7.60, Biiroo Paabiilik Sarvisii fi Misomma Qabeenya Namaa Oromiyaa qarshii miliyoona 2.75, Waajjiraaleen Maallaqa Aanaa Nansaboo qarshii miliyoona 2.24, Aanaa Ada'aa qarshii miliyoona 1.34, Waajjira Maallaqa Godinaa Shawaa Kibba Lixaa qarshii miliyoona 1.24fi Waajjirri Maallaqaa Aanaa Noonnoo qarshii miliyoona 1.01 ta'uun mirkanaa'eera.

Herregoonni baasiitti galmaa'aan ragaa sirriin kan deggeramafi baasii seera qabeessa ta'uu mirkaneessuuf odiitii taasifameen manneen hojii 57 keessatti baasii qarshii miliyoona 281.91 hojii odiitiif ragaan dhiyaachuu kan hindandeenye ta'uun mirkanaa'eera.

Manneen hojii ragaa odiitiif dhiyeessuu hindandeenye keessaa Waajjiraaleen Maallaqa Godinaa Harargee Bahaa qarshii miliyoona 157.75, Aanaa Shanan Dhugoo qarshii miliyoona 23.19, Aanaa Bookee qarshii miliyoona 9.12, Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu qarshii miliyoona 6.25fi Aanaa Abbayyaa qarshii miliyoona 4.38 ragaa hojii odiitiif kan hindhiyeessine keessaa isaan guguddoodha.

Manneen hojii mootummaa bittaa meeshaafi tajaajilaa raawwatan seera bittaa meeshaafi tajaajilaa hordofanii raawwachuusaanii mirkaneessuuf odiitii taasifameen manneen hojii 112 keessatti bittaan qarshii miliyoona 533.91 osoo

Gara fuula 5 tti naanna'e

## Seenaa Masgiida Xaaliyaanii.

Najjaad Hassaniin

Bulchiinsa Dirree Dhawaatti iddoolee Hambaa hawwata Turiiziimii bulchiinsaa tahan keeysaa Masginnni Xaaliyaanii Isa tokko.Barruu Bakkalcha arraatiin wa'ee Masgiidaa Xaaliyaanii waan namoota beekan irraa Odeeyfanne fi Qorannoolee wajjira Aadaa fi Turiiziimii bulchiinsa Dirree Dhawaatiin barrawan irraa waan arganne qindeeysinee kan isin biraan geenyu tahaa Yeroo teeysan wareeydanii barruu teenyarraa akka waa hubattan Abdii guutuu isinirraa qabna.

MASGIIDA XAALIYAANII

Maqaan Xaaliyaan Seenaa keeysatti bifa kolooniitiin ka'ullee bu'aa fi badiin isaan

Godhan galmee seenaatiin kan barreeyfamee olkaayamu taha.Seenaa koloonii biyyoota Awroophaa yeroo kaafnu akki itti isaan biyyoota Afrikkaa addaan qoqoodaa turan yoomiyyuu kan dagatamuu miti.Haala yeroo san tureen walqabatee Wa'ee xaliiyaan yeroo kaafnu waan hedduu kaasuun ni danda'ama.Isaan San keeysaa Afooloonni naannoo Dirree Dhawaa fi naannoolee baha biyyattii kan haala yeroo sanii ibsan keeysaa:-

"Xaliyaan dhufee

dhaga gaaraa Tumaa

Duruun Odeeyfadhee

Danyaan Dubraa Sumaa"

Naannoo Dirree Dhawaa kanatti namoota baayyeetu

Waraana xaaliyaan ture.Keeysaahuu Naannoo Laga Harree Kanatti Darbiilee hedduu akka jaareetu himama.Erga San booda jiiysanii mana irra jaaranmalee Namni akka xaliyaanii fi Arabaa mana jaaruubeeku akka hin jirreetu himama.Afoollii taatee Kaleeysaa waan akka harra tahaa jirtuutti ragaa waliin galmeeysee kaya.Taateen xaliyaaniin walqabatan keeysaa Dhufaatiin Ingiliitiis tokko ture.Haala xaaliyaan itti kutees bifa kanaan kan teeysisani:-

"Dinooyyee Dinooyyee

Magan Mudhii Qoree


Ni bareedda hedduu

Way eenyuumaa kaarruu siif Qoree.

Ingiliiz Fokkooreen Tankii jilbaan koree

Ni bareeda jennaaa eenyuuu karruu si qoree.

Bara xaaliyaan biyya teenya weeyraree as Dirree Dhawaa turetti Yaada Dubartii wahimtu takka irraa isaaniif dhihaateen biyya tana keeysa yoo turuu feetan tahe MASGIIDA jaaraa kan isiin isaaniin jechuun akka isaan ijaaran gosisuu Loltuun warana Xaaliyaanii bara Sanii Obbo waggaa Afuur dura dubbifne kan




nutti himani.Ummata Islaamaa biratti fudhatama argachuuf akka ijaaranillee kan dubbatani.Bakka Masgiidaa kana biratti Boolla Bishaanii Guddoo takkaas qotanii kan Bishaaniis baasani.Waggaa shan turanii Yeroo dubbiin itti jabattee deebi'aanii isii yeroo gaafatan "kana booda carraan isin qabdan biyyaa bahuu qofa"jettee dhugaa jiru itti himtee kan isaan isii Ajjeesani.Wa'een Xaaliyaan yeroo ka'u Haraargee keeysatti waan hedduu himama keeysaahuu haala jalqaba ittiin ummata dhiyaate jijjiiree erga Jimaa dhiisaa ja'ee labse booda.

Afooloonn,Jechoonni fi namoonni Afaan Xaaliyaanii beekan Kan Jirani.

Boonoo Boonoo

xaliyaan wayta as turteetti gaafa jimaa qama'uu dhoorkitee turuun isii ni yaadatama yeroo sanitti namoota jimaan walqabatee xaliyaaniin walitti bu'an keeysaa Iyyee Boruu Diirii fi Ammaa Anniyyaa isaan ijoo turan.

Iyyee yamanii Yeroo shuguxii itti lafaa fudhatan iyyeeniis itti baafachuun yeroo

inni isaaniin "Harree Adii Lubbuun Oli baati malee gadi baati" ja'uun xaliyaan gootummaa iyyee baranii kan shuguxii lafatti deebisuun iyyeef harka olqabee "Boonoo Boonoo" jedheen ja'ama. Yeroo san Gadheen(Dargaggoonni) gadiin baatee shaggooyyee akka ittiin sirbiteetu himama:

"Iyyee Boruu Diir

Jeeyna Deebi'ii qabnee

kanaafiin sifaarsaa

ya Burcuqqoo Cabne.

warri Jeeynummaa Iyyee Boruu arkan kan haala adda addaatiin ibsaa turani:

"Ya Iyyee Boruu Diir

Kappiteen dhufnaan

Daranuu si jabeeysee

Fimee fi Tiliinteen samii

olii si geeysee

Shittoo Rabbii Dibattee

Kanaafuu namuu si jabeeysee" walaloon tan sheek MahammadAbdullaahii

walaloon fakkaattuu gara biraa tan Ammaa Anniyyaati isaaniis:-

"Ani Ammaa Anniyyaa

Jimaan Lubbuu Tiyyaa

Xaliyaanoo Piyaa Piyaa"

Safuu hawaasaa eeguun walqabatee Jechoonni hawaasa keeysatti. "XAALIYAANII As Abbaatu If dhaada, Xaaliyaan dura Abbaan if hin dhaaduu dhagaan if hin darbu"je'an Oromoon yeroo mammaaktu san booda waan jijjiirame hedduu ture isaan akka "Xaliyaanuu nama dura itti dhaqeef golisa" jedhu hambaalee seenaa kaleeysa xaliyaanirraa as hafani.

Wa'een XAALIYAANII Yeroo ka'u yaadoota lama jira.

1.Yaanni inni tokko kan xaaliyaan mormuudha.Yaanni mormu kuniis kan isaan akka:- Loola Adawaa,Harargee iddoo takka takka keeysaa warri Amantaa kiriistaanaa akka baqatan godhuu turuutu himama.Warri yeroo san gocha isaa jibbaniis baayyeedha. walaloon Geeyrarsaa Abdii Qophee tan Kadiir Sa'iid ittiin

Wallise isaan ijoodha:-

"Moosoolooni wa

Maal nurraa taree

Kan Dachii Samii

Rakkisee Turee

waaro salphina fuula ufnee

Mosoloonidhaaw Rooma Galchine.

Yeroo Lola Aduwaa Xaliyaaniin

Loluu warri Harargeerraa deeme looltoonni bahaa Mancaan dura akka seenaniitu himama.Warri Akka Alii Boruu warra achirraa galan turuutu himama.

Adawaa bararee

Dirre Dhawaa mararee

2.Yaanni lammaffaan kan warra isa deegaruuti.Warri isa deegaraniis haala

Isa dura tureen warra garmalee midhameedha.Isaan akkasiis ifni bilisummaa Arra argaa jirru Carraa Qawwee fi Jijjirama xaaliyaan irraa arkameen kan mullatte tahuudha dubbatu.

"Xaaliyan ni kutee kan nubulchaa eeynuu

Ingiiliizii dhufee

Afaan walii beeynuu

Yoo Akkanuma taate

Teenya barana waabeeynuu"

Walaloon Sheek Bakrii Saphaloo barreeysaniis garri caalu Yaada lammaffaa kan tumsituudha.

" Xaaliyaan Taankii

gangalchee gama

ceekaa dararaa

Mosolooniin Caccabse

Miila Siree Jaraa

Jarri Dheefa gaara seene

gogogaan fuula daraa

Mootiin Hiyyeeysa Miidhe

Abaduu Numa Qaaraa".

walaloon tan sheek Bakrii Saphalooti.

Xaaliyaan yeroo As ture Arba horsiisaa akka ture Mucaan gaafasii Jaarsi Arraa Aw Jimjim Bakka Amma Mana Hidhaa (waannibeetii ) tanatti namoonni Citaa Arbaa haamaa akka turan kan odeeyfanne.

Xaliyaan akka dhufeen Dirree Dhawaa fi naannoo Dirree Dhawaatti hojiilee akka Masgiidaa, karaa, Bishaan,humna ifaa maddisisuu fi warshaalee babalisee jira.Hojiin Jallisii bishaan Laga halchootirraa Dirree Dhawaa ibsee jiraachuutu himama.MASGIIDA Dirree alaas bahee Naannoo Qarsaatti akka jareetu himama.

"Adwaa bararee

Dirree Dhawaa Mararee

Gufuu warraaysaa

Qabsoo Daddaaysaa

Masoo Weeyduu

Irkoo Sagalee Hedduu"

Seenan Afrikaan humnoota alaatin

Gara fuula 9 tti naanna'e

## Seenaa Masgiida . . .

*Fuula 8 irraa naanna'e*

koloneeffamuu marsaa sadi'itti qooddamuu danda'a: kan bara durii, bittaa Arabaa, fi koloniyaalizimii Yuurooppiti. Ummata biratti, koloni-yaalizimii Afrikaa kan jedhu sadan kana keessaa isa dhumaa akka ibsutti beekkama.Kaartaa Afrikaa bara 1910tti. Biyyoota Afrikaa hunda keessatti,afaan mootummaa fi meeshaalen sabqunnam-tii itti fayyadaman dhaala sirna koloni-yaalizimii irraa dhufedha. Dhalattoonni Afrikaa baayyeen biyyoota biraa keessa jiraachunsaanii Afrikaanonni miliy-oonatti lakkaawwaman akka garbaatti koloneessitoota alaa kanaan guurra-manii gara biraa geeffamuu wajjin kan walqabatudha.Waranni xaaliyaan Yeroo biyya gad dhiisee deemu bu'uuraaleen hawaasaa isaan hojjataman warri akka daandii Lola cimaa isaafi ingiliz jiddu godhameen baduutu himama. keeysahuu Daandiin Hursoo Erer kan arrallee bakkatti deebi'ini.Seenaa keeysatti bu'aan lolli qabu yoo jiraate qabeenyaa fi lubbuu namaa galaafachuu qofa.Guddinni biyya keenyaa Mataa olqabatee Jiraanne kan godhe Yeroo hedduu fedhii fi faaydaa warra Alaati.

Harargee keeysatti dubartoonni wa'ee xaliyaan Helleeniis kan wa ja'ani.

"Ajab Lama Lamaa

Rooma Roomaa

Xayuuraan bararee

Rooma Roomaa

X 2

"Ajab Lama Lamaa

Rooma Roomaa

Xayuuraan bararee

Rooma Roomaa

X 2

" "Ajab Lama Lamaa

Rooma Roomaa

Xayuuraan bararee

Rooma Roomaa

X 2

Adwaa: Seenaa gootummaa ilaalcha bara kolonii jijjiire

Guraandhala 23 1888 ALI, waraanni Itoophiyaafi Xaaliyaanota gidduutti geg-geeffame, seenaa Itoophiyaa keessatti taateewwan gurguddoo jedhamani. Abdiisaa Aagaa bara 1928 bara weerarsa Xaaliyaanii booji'amee gara biyya Xaaliyaanii geeyfame.

Yeroo Gara Dirree Dhawaa dhufnu Bara 1911tti Hospitaalli Faransaay tajaajila fayyaa hawaasaaf kannuuf kan dhaabbate.

Bara 1919tti manni barnootaa hawaasa Giriik kan dhaabbate.

Mana jireenyaa Sheek Ibraahim Billisaa kan bara 1919tti ijaarame

Bara 1928tti daandiin Dirree Dhawaafi Harar walqunnamsiisu hojjatame .haatahuu malee Konkolaatan Magaalalee kana lamaan jiddu kan deeme waggaa tokko booda jechuun bara 1929tti.akka ta'e Ni Himama.Masginni xaliyaaniis haaloota akkanaa keeysatti kan ijaarame bulchiinsa Araddaa 08 Ganda Mussa Rubboo fi Qabri Joollee jiddutti madarasaa waliin naannoo Qabriitti dhiheenya akka qabutti itti yaadamee kan ijarame MASGIIDA seenaa qabeeysa.Ayaa qaalii waan meeqaan hawaasa tajaajilaa jiru kana daran qabanii tumsaa deemuun dirqama Mara keenyaati jechuuniin xumuraa torbaan maxxansa biraatiin HANGA wal garruu arraaf xumuree nagayatti.



# Waliigalteen Nageenyaa

Muktaar Ahmadiin

Hordoftoota fi dubbistoota,qophii Galaalchaa dirree,qophiiwwan keenya kan tibbana torbanittin isin dhi'eesa turun keenya niyaadatama har'a garuu kunoo kan dhimma nageenya biyyaa irratti xiyyeefachuun isiniif dhiheessineera.

Horaa bulaa.

Mootummaan waliigaltee nagaa hojiirra oolchaa jira - Itti aanaa muummicha ministeeraa fi Ministira Dhimma Alaa Demeke Makonnon

Itti aanaan Muummee Ministiraa fi Ministirri Dhimma Alaa Demeke Mokonnon Ministira Dhimma Alaa Naayijeeriyaa Geoffrey Enyama waliin Niamey keessatti dhimmoota biyyoota lamaanii fi naannoo irratti mari'atan.

Walgahii addaa Gamtaa Afrikaa 17ffaa Niamey keessatti gaggeeffamaa jiru irratti kan hirmaatan Obbo Demeke, haala yeroo Itiyoophiyaa fi waliigaltee nagaa Piritooriyaatti mallattaa'e ministirichaaf ibsa kennaniiru.

Mootummaan Itiyoophiyaa walii galteen nagaa hojii irra akka oolu barbaada, mootummaan tarkaanfii qabatamaa fudhachaa akka jirus ibsaniiru.Itoophiyaan haala abdachiisaa keessa jirti.

Obbo Demekeen deeggarsa namoomaa fi tajaajila hawaasummaa kennuu eegaluu eeruun hojiin ijaarsa deebisanii dhaabuu fi deebisanii dhaabuu xiyyeeffannoo biraa ta'uu ibsaniiru.

Ato Demeke Naayijeeriyaa yeroo Itiyoophiyaan qormaanni ishee mudatu qajeeltoowwan irratti hundaa'uun ejjennoo hin raafamne qabaachuu isheef galata guddaa qaban ibsaniiru.

Pireezidaantiin Naayijeeriyaa duraanii Olesegun Obasanjo akka jedhanitti Afriikaanonni rakkoo ofii akkamitti hiikuu akka danda'an agarsiisaniiru.


Ministirri Dhimma Alaa Naayijeeriyaa gama biraatiin waliigaltee nagaa mallatteessuu isaa hubataniiru; Afriikaan dandeettii rakkoo mataa ishee hiikuu akka qabdu bu'aan argame agarsiisa jedhan.

Mootummaan Naayijeeriyaa waliigaltee kana milkaa'inaan akka hojiirra oolu deeggaruuf qophii ta'uu eeraniiru.

Daandiin Qilleensaa Itiyoophiyaa daandiin qilleensaa Itoophiyaa qofa osoo hin taane, daandiin qilleensaa Afrikaas ta'uu odeeffannoon Ministeera Dhimma Alaa argate ni mul'isa.

Ministiroonni kunneen baay'ina ummata Afrikaa keessaa dhibbeentaa 28 kan ta'an Ityoophiyaa fi Naayijeeriyaa gidduutti michooma biyyoota lamaanii fi tumsa biyyoota hedduu tarsiimoo cimsuuf waliin hojjechuuf





waliigalaniiru.

Ato Demeke Mekonn walgahii addaa hoggantoota Gamtaa Afrikaa magaalaa guddoo Niijeer Niamey keessatti gaggeeffamaa jiru irratti jila Itoophiyaa hoogganuudhaan hirmaataa jira.

Bilinkan dhimma waliigaltee nagaa mallattaa'erratti MM Abiy waliin mariyatan

Itti Gaafatamaan Waajjira Dhimma Alaa Ameerikaa Antoonii Bilinkan Ministira Muummee Itoophiyaa Abiy Ahmad waliin dhimma waliigaltee nagaa buusuu dhiyeenya mootummaa Itoophiyaafi humnoota Tigraay gidduutti mallattaa'eerratti mariyachuu isaanii ibsan.

Bilinkan waliigalteen waraana dhaabuu taasifame hatattamaan hojiirra oolee Kaaba Itoophiyaatti nageenyi akka mirkanaa'uu gaafachuu isaaniis beeksiisaniru.

Bilinkan barreeffama karaa toora miidiyaa hawaasaa isaanitiin qoodaniin, barbaachisummaa waliigaltee wal dhabdee fi waraanaa dhaabuu taasifame atattamaan hojiirra oolchuu irratti Ministira Mummee Itoophiyaa Abiy Ahimad waliin mari'achuu ibsan.

Bilinkan kana kan jedhan erga humnootiin Tigraay waraanni Ertiraa naannoo isaanii keessaa akka bahuuf hawaasni idil-addunyaafi Ameerikaan akka dhiibbaa taasisaniif waamicha taasisaniin guyyootaan booda.

Waraanni kaaba Itoophiyaatti waggoota lamaan darbaniif gaggeeffamaa ture karaa nagaatiin furudhaaf dahoo Gamtaa Afrikaa jalatti mootummaan Federaalaafi TPLF waliigaltee taasisun isaani ni yaadatama.

Waliigaltee amma gareewwan wal waraanan lameen jidduutti taasifame kana keessatti Ameerikaan gahee olaanaa akka akka baate himama.

Kana malees, waraanni kun karaa nagaatiin furmaata akka argatuuf jecha Ameerikaan ergamaa Addaa dhimmicha itti dhiyeenyaan hordofu Gaanfa Afrikaatti muduun, yeroo garaa garaatti gara Finfinneefi Maqaleetti marmaaraa turuun ni yaadatama.

Ammas Bilinkan adeemsa nagaa hogganssa Gamtaa Afriikaatiin taasifamu deeggaruu itti kan fuftu ta'uu ibsaniiru barreefama isaanii kanaan.

Haata'u malee, marii taasifame jedhame kana ilaalchisee gama mootummaa itoophiyaatiin hanga yoonaatti kan jedhame homtuu hin jiru.

Kana malees Dubbii Himaan Waajira Haajaa Alaa US, Ned Piraayis marii MM Abiy Ahimadiifi Antoonii Bilinkan jidduutti taasifameen, yaaliiwwan Kaaba Itoophiyaatti nagaa buusuuf taasisamu irratti mari'achu beeksiisan.

Kanaanis Bilinkan yaaliiwwan mootummaan Itoophiyaa naannoo Tigraayiifi naannoolee ollaa Affaariifi Amaaraa keessatti deeggarsa hin daangoofne qaqabsiisuufi tajaajilawwan bu'uuraa deebiisuuf taasisaa jiruuf beekamtii kennuu kaaseera ibsa baaseen.

Akkasumas Bilinkan tibba marichaatti, humnootiin alaa hatatamaan naannicha keessaa bahuun humnootii Tigraay hiikkachiisuun wal maddii taasifamu dabalatee, barbaachisummaa hojiirra oolmaa waliigalee waldhabdeefi waraanaa dhaabuu cimsuun dubbataniiru jedhe ibsi Waajjira Dhimma Alaa Ameerikaatiin bahe.

Kana malees, Ameerkaan biyyatii keessatti nagaa deebiisuuf to'annoo fi hojiirra oolmaa waliigaltichaa mirkaneessuu Gamtaan Afriikaa taasisuu dabalatee, adeemsa marii nagaa hogganaa gamtichaatiin gaggeeffamu kan deeggaran ta'u Biliinkan irra deebiin mirkaneessaniiru.

Waliigaltee nagaa Sadaasa 2, 2022 Afrikaa Kibbaatti mootummaa itoophiyaafi humnoota TPLF jidduutti gaggeeffame hordofees deeggarsi namoomaa gara Tigraay seenuu eegaluu dhaabbileen deeggarsaa himanii ture.

Haata'u malee, maddeen hospitaalaa ammalleen hanqina qorichootaa naannicha keessa jiruun lubbuun namootaa darbaa jiraachuu BBCtti himanii ture.

Mootummaan Itoophiyaa deeggarsa namoota barbaachisuun qaqabsiisuun alattis, tajaajiloota bu'uuraa adda citanii turan deebiisanii ijaaruu eegaluu beekisiiseera.

Waliigaltee gareewwan lamaan jidduutti Afrikaa Kibaatti taa'amee hordofees, Sadaasa 12, 2022 dureewwan waraanaa jidduutti waliigalteen adeemsa hojiirra oolmaa waliigaltichaa Naayiroobiitti mallattaa'ee ture.

Saadasa 19, 2022 irratti ammoo ibsa baaaseen TPLF, dararaa waraanni Ertiraa ummata Tigraay irraan gahaa jiru akka dhaabuufi naannicha keessaa atattamaan akka bahuuf hawaasni addunyaa tarkaanfii cimaa akka fudhatuuf gaafate ture.

TPLF ibsa isaa kanaan Ameerikaa dabalatee hawaasni addunyaa keessattuu Gamtaan Afrikaa, Dhaabbanni Mootummoota Gamtomaniifi Gamtaan Awurooppaa bulchiinsa Ertiraa irratti tarkaanfii cimaa akka fudhatuuf waamicha taasisuun ni yaadatama.

## Miidhaa . . .

Fuula 11 irraa naanna'e

Murtii kennuuf aangoo qabu Mana Murtii Bulchiinsaati.

#Gaaffiin akkanaa Mana Murtii idileetiin kallattiin kan keessummeeffamuu miti.

Dhimmoota armaan olitti ibsaman jalqaba dhimmicha ilaalee Murtii kennuuf aangoo kan qabu,Mana Murtii Bulchiinsaati.

↔Manni Murtii Bulchiinsaa falmii ijoo dubbii irratti murtiin kennu kan dhumaa ta'a,ta'us murtiin Mana Murtii Bulchiinsaa dogongora seeraa qaba jedhee qaamni falmu murtiin Mana Murtichaa isa dhaqqabee guyyoota 60 keessatti ol'iyyannoo isaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiif dhiheeffachuu ni danda'a.

Labsiilee,Dambiilee fi Qajeelfamoota dhimma kanaan wal qabatanii fi kanneen biroo pdf dhaan walitti qabnee karaa

# Miidhaa Hojiirratti Dhaqqabu:

”Miidhaa hojiirratti dhaqqabu” jechuun balaa hojii irratti dhaqqabu yookiin dhukkuba sababa hojiitiin dhufuudha.

”Balaa hojii irratti dhaqqabu” jechuun hojjataan mootummaa hojii idilee isaa raawwachaa osoo jiruu yookiin sababa hojii isaa waliin walqabateen qaama isaa irratti yookiin hojii uumama qaama isaa irratti miidhaa tasa gahu yoo ta'u,kanneen armaan gadii ni dabalata:

A.Hojjataan Mootummaa hojii idilee isaa irraa,iddoo hojii isaa yookiin sa'aatii hojii idileetiin alatti nama aangoon isaa hayyamuun ajaja kenname raawwachaa osoo jiru miidhaa dhaqqabe,

B.Ajajni nama aangoon isaa hayyamuun kenname jiraachuu baatus,hojjataan mootummaa balaa tasaa Mana hojii isaa keessatti dhaqqabe yeroo hojii yookiin sa'aatiitii hojii idileetiin ala badii ittisuuf sababa hojii raawwateen miidhaa dhaqqabe,

C.Hojjataan Mootummaa gara iddoo hojii isaatti tajaajila geejjibaa Mootummaan hojjataan ramadeen osoo deemaa jiruu yookiin tajaajila geejjibaa Manni hojii isaa kireeffatee ifaan ramadeen deemaa osoo jiru miidhaa dhaqqabe,

D.Hojjataan Mootummaa miidhaa sababa raawwii hojii isaatiin walqabateen yeroo hojii dura yookiin booda yookiin hojiin isaa yeroof addaan cite iddoo hojii isaatti yookiin mooraa Mana hojiitti argamee miidhaa irra gahe kamiyyuu,

E.Hojjataan Mootummaa hojii isaa raawwachaa yeroo jiru miidhaa sababa gocha Mana hojii isaatiin yookiin qaama sadaffaatiin irra gaheef.

Garuu,hojjataan ta'e jedhee keessattuu Manni hojii dursee Qajeelfamoota eegumsa nageenyaa fi fayyummaa ifaan kennameef darbuun yookiin cabsuun qaama yookiin sammuu isaa haala too'achuu hin dandeenyeen dhugaatiin yookiin baala sammuu adoochuun machaa'ee hojii irratti argamuun miidhaa irra gaheef akka miidhaa sababa hojiitiin dhaqqabetti hin lakkaa'amu.

"Dhukkuba sababa hojiitiin dhufu" jechuun hojjataan mootummaa gosa hojii raawwatuun yookiin Naannoo hojii isaatiin kan ka'e haalota dhibee dhaqqabsiisaniif saaxilamee turuu isaatiin rakkoo fayyaa irra gahe yoo ta'u,dhukkuboota duraan turan yookiin daddarboo idilee iddoo hojiitti dhaqqabuu danda'an hin dabalatu.Kun jiraatus,sababa hojii idileetiin dhukkuba daddarbaa yookiin duraan turan balleessuu irratti hojjataa Mootummaa bobba'e dhukkuba kanaan qabame sababa hojiitiin akka qabametti ni fudhatama.

Seeratu jedhe.

Garaagarummaan Labsii Hojjattoota Mootummaa Federaalaa Lakk.1064 keewwata 53 fi Labsii Naannoo Oromiyaa Lakk.215 keewwata 53 maali?

Durgoo Sa'aatii Hojii Dabalataa Hojjattoota Mootummaa Federaalaa:

Hojjataan mootummaa tokko mindaa ji'aan argatu guyyoota 30 hiruu mindaa guyyaa tokkoo,mindaa guyyaa tokkoon argatu ammoo sa'aatii 8 tiin yoo hiramu mindaa sa'aatii tokkoon kanfalamu kenna.Bu'uuruma kanaan hojjataan sa'aatii dabalataa hojjatu yoo xiqqaate mindaa idileetiin dabalataatti:-

1.Ganama barii sa'aatii 12:00 hanga halkan sa'aatii 4:00 tti hojii hojjateef,yeroo hojii idileetiin mindaa kanfalamuuf 1.25 baay'ifamee kanfalamaafi.

2.Guyyoota hojii halkan sa'aatii 4:00 hanga ganama barii sa'aatii 12:00 tti hojjateef,sa'aatii hojii idileetiin mindaa kanfalamuuf 1.5 baay'ifamee kanfalamaafi.

3.Torbaanitti guyyoota boqonnaa isaatti sa'aatii dabalataa hojjateef,-sa'aatii hojii idileetiin mindaa argatu 2.00 baay'ifamee kanfalamaafi.

4.Hojjataan mootummaa guyyoota ayyaanaa yoo hojjate,sa'aatii hojii idileetiin mindaa argatu 2.50 baay'ifamee kanfalamaafi.

Durgoo Sa'aatii Hojii Dabalataa Konkolaachistootaa:

Konkolaachisaan konkolaataa Hoogganisa Ol'aanoo sa'aatii dabalataa konkolaachise qarshii 1500 kanfalamaafi.Konkolaachistoonni kanneen biroo immoo qarshii 1300 argatu.

Konkolaachistoonni konkolaataa Pirezidaantii Yuunibarsitii fi itti aanaa Pirezidaantii Yuunibarsitii Konkolaachisu sa'aatii dabalataa konkolaachise qarshii 1500,fi Konkolaachistoota kanneen birootiif immoo qarshii 1300 kanfalamaafi.

Gargaaraa Konkolaachisaa Sa'aatii dabalataa hojjateef qarshii 800 kanfalamuuf Akka qabu Qajeelfama Hojjattoota Mootummaa Lakk.921/2014 tumeera.

#Qajeelfamni Kun fakkeenyummaa waan qabuuf dhoobne.

Badiiwwan Naamusaa fi Adabbiilee

Hojjettoota Mootummaa,fi Dhimmoota Mana Murtii Bulchiinsaatiin Ilaalaman:

Badiiwwan Naamusaa fi Adabbiilee:

Kaayyoo Adabbii Naamusaa Kaayyoon adabbii naamusaa hojjetaan mootummaa hir'ina naamusaa raawwateef,balleessaa isaa irraa gaabbee of sirreessu,ilaalchaa fi amala gaarii akka qabaatuu fi hojjetaa gahoome akka ta'u dandeessisuuf yookiin kan of hin sirreessine yoo ta'ee,hojii irraa gaggeessuufidha.

Gosoota Adabbii Naamusaa fi Ramaddii Isaanii:

• Hojjetaan mootummaa hir'ina naamusaa raawwate akkaataa ulfaatina balleessaa raawwatameen adabbiiwwan kanatti aanaan keessaa tokko irratti murtaa'uu ni danda'a:

1. Akeekkachiisa afaanii;

2. Akeekkachiisa barreeffamaa;

3. Adabbii mindaa hanga guyyaa kudha shan gahu;

4. Adabbii mindaa hanga ji'a sadii gahu;

5. Yeroo waggaa lama hin caalleef sadarkaa hojii fi mindaa irraa gadi buusuu;

6. Hojii irraa gaggeessuu.

1ffaa hanga 3ffaatti kan tarreeffaman adabbiiwwan naamusaa salphaa jedhamanii kan ramadamaniidha.

4ffaa hanga 6ffaatti kan tarreeffaman adabbiiwwan naamusaa cimaa jedhamanii kan ramadamaniidha.

Hojjetaan mootummaa tokko naamusaan erga adabamee booda adabbichi rikoordii ta'ee turuu fi irratti caqasamuu kan danda'u:

Adabbii naamusaa salphaa yoo ta'e, guyyaa adabbichi murtaaee irraa kaasee hanga waggaa lamatti;

Adabbii naamusaa cimaa yoo ta'e, guyyaa adabbichi murtaa'ee irraa kaasee hanga waggaa shani ni ta'a.

Balleessaawwan Adabbii Naamusaa Cimaa Hordofsiisan:

a) Ajaja seera qabeessaan kennamu kabajuu dhiisuu, maal na dhibdeedhaan, dhibaa'uummaadhaan yookiin ta'e jedhee sirna hojimaataa yookiin imaammata mootummaa hordofuu dhabuudhaan hojii irratti miidhaa geessisuu,

b) Ta'e jedhee dhimmoota tursiisuu yookiin abbootii dhimmaa deddeebisuu;

c) Hojiin akka hin hojjatamne ta'e jedhee jeequ yookiin warra jeeqan waliin wal ta'uu;

d) Tarkaanfiiwwan adabbii naamusaa salphaadhaan of sirreessuu dhabuudhaan sababa gahaa malee deddeebi'anii hojii irraa hafuu yookiin sa'aatii hojii kabajuu dhabuu;

e) Iddoo hojiitti dubbii kakaasuudhaan wal reebuu;

f) Machii barsiifataan yookiin araada baala sammuu adoochuun summaa'uun hojii miidhuu;

g) Matta'aa fudhachuu yookaan akka kennamuuf gaafachuu;

h) Iddoo hojiitti gocha faallaa hamilee uummataa ta'e raawwachuu;

i) Hanna yookiin gocha amantaa hir'isuu raawwachuu;

j) Gocha gowwoomsuu yookiin dogongorsuu raawwachuu;

k) Qabeenya mana hojichaa irratti ta'e jedhee yookiin dagannoodhaan miidhaa geessisuu;

l) Seeraan ala aangootti fayyadamuu;

m) Iddoo hojiitti miidhaa koornayaa raawwachuu;

n) Keewwata kanaan kan tarreeffaman waliin ulfaatina walfakkaatu hir'ina naamusaa kan qabu biroo raawwachuu.

#Darba_Yeroo_Himannaa_Badii_Naamusaa:

Hojjetaan mootummaa balleessaa adabbii naamusaa #salphaa geessisu kan raawwate,guyyaa balleessaan isaa beekamee irraa eegalee hanga ji'a jahaatti yoo tarkaanfiin itti fudhatamuu baate naamusaan itti hin gaafatamu.

Hojjetaan mootummaa balleessaa adabbii naamusaa #cimaa geessisu raawwate,guyyaa balleessaan isaa beekamee irraa eegalee hanga waggaa tokkootti yoo tarkaanfiin itti fudhatamuu baate naamusaan gaafatamaa hin ta'u.

Hojjataa Mootummaa Ilaalchisee Dhimmoota Mana Murtii Bulchiinsaan Ilaalaman:

Ol'iyyannoo hojjattoota mootummaatiin wal qabatee dhimmoonni:

#1ffaa,seeraan ala hojii irraa dhorkamuu yookiin tajaajilli addaan cituu,

#2ffaa,murtii adabbii naamusa cimaa,

#3ffaa,mindaan yookiin kanfaltiiwwan biroo seeraa ala kan jalaa qabame ykn cite,

#4ffaa,miidhaa yookiin dhibee sababa hojiitiin irra gaheen haala walqabateen mirgi hir'achuu,

#5ffaa,akkaataa Labsicha keewwata 77(7) ibsameen ala,koree komii Qulqulleessaatiin dhimmoota ilaalamanii murtiin itti kenname,

#6ffaa,dhimmoota gaaffii hojii gadi lakkisuu fi ragaa muuxannoo hojii irratti ka'u ilaalchisee ol'iyyannoon ilaalee

Gara fuula 10 tti naanna'e

# Ispoortii



Bara 2 | Lakk. 84 | Maxxansa Torbe | Roobii - Sadaasa / 21 / 2015 ALI | Gatii Qar. 2:00

## ‘Iddoo Mesiin jirutti Arjentinaan abdii qabdi’

Ahmad Mahamadiin

Hirmaannaan Arjentinaan Waancaa Addunyaarratti qabdu gaaffii keessa wayita seenee turetti deggartoonni Arjentinaa kumaataman lakkaa’aman Sambata galgala Kuwaatar, istaadiyeemii Lusiyil jedhamutti walitti wayita qabaman nama tokko sammuu keessaa qabu turan.

Innis Liyoneel Mesiidha.

Mesiin haala ajaa’ibaan Arjentiinaatti abdii hore. Taphataa abdiin guddaan irra ture ta’ullee, kaleessa galgala Arjentinaan morkattuu ishee jabduu kan taate Meekiskoo waliin wayita taphatan qalbii daawwattoota addaan hiree ture.

Arjentinaan Meekiskoon otoo injifatamtee ta’ee, hirmaannaa dorgommicharratti qabdu kan goolabuuf adeemu ture .



Arjentinaan tapha Meeksikoo waliin taphachuun dura jalqaba dorgommii Waancaa Adunyaa irratti haala qaanessaa ta’een Sa’ud Arabiyaan injifatamtetti.

Mesiin dorgommicha injifachuun kabajaa kubbaa miilaa keessatti gonfate bara baraan kan yaadatamu akka ta’e bareeche beeka.

Taphataa addunyaarratti beekamtii guddaa horate kun imaanaa biyyi isaa irra keesse irra deebiin milkeesse.

Warri Arjentiinaa wayita garmalee isa abdatan kanatti kallattii taphaa geeddaruun, akkasuma adeemsa hirmaanna gareen biyya isaa Waancaa Addunyaa keessatti qaban jijjire.

Taphichi erga eegalee daqiiqaan 64 guutera. Sekondiiwwan lakkaa’amtu garuu Mesiis ta’e, Arjentiinaarratti dhiibbaa jabeessaa adeema ture.

Mesiin garuu waltajjii dorgommii addunyaa kanarratti kufaatii Arjeentinaa hiika maalii akka qabu ni beeka ture.

Sabaa sirriis ta’u, sirrii ta’uu baatu Mesiitti quba qabuun waanuma hin oolle ture.

Mesiin kubbaa to’ate otoo hin turiin onnee deeggartoota warreen Meeksikoo hedduu cabse.

Sambata galgala tapha Arjentinaan Meekiskoo 2 fi 0’n injifatteerratti galchii murteessa ta’e lakkoofsise.

Wayita Meeksikoo waliin taphatanitti

*Gara fuula 6 tti naanna’e*

## Gocha deeggartoota Jaappaan irraa maal baranna?

Ahmad Mahamadiin

Jaappaan Waancaa addunyaarratti duubaa kaatee Jarman injifachuun seenaa guddaa tahuus, deeggartoota aadaa fi barmaata isaanii raawwachuurraa isaan hin danqine.

Dirree kubbaa miilaa keessatti taphni yeroo xumuramu istaadiyeemiin balfa adda addaan guutamee, deeggartoonni qaamni biraa akka qulqulleeysuuf achuma dhiisanii bahuun baratamaadha.

Warra Jaappaan biratti garuu faallaadha. Balfa arginaan bira hin darban. Qulqullinni guddisa isaanii keessatti iddoo guddaa qaba.

Kanaas guyyaa jalqabaa waancaan Addunyaa Kuwaataar eegale Ikuwaadoor



qopheessituu dorgommichaa yeroo injifattee taphni xumuramu, warri Jaappaan Istaadiyeemii keessaa waan irraa nyaataniifi irraa dhugan yeroo sassaaban muullatee jira.

Guyyaa gareen biyyaalessaa Jaappaan injifannoo seena qabeessa Jarman irratti galmeessuus, gammachuun if wallaalanii barsiifata isaanii hin daganne.

Gareen isaanii injifannoo booda dirree gadhiisee bahuus deeggartoonni Istaadiyeemii

*Gara fuula 2 tti naanna’e*

## Taphoota waancaa Addunyaa 22ffaa irratti yeroon dabalamu maaliif guddate?

Ahmad Mahamadiin

Waancaa Addunyaa 22ffaa Kuwaataaritti gaggeeyfamaa jiru irratti yeroo idilee taphaaf kennameen alatti daqiiqaawwan dabalataa dabalaman guddachuun maatii kubbaa miilaa biratti mata duree tahee jira.

Ramaddii lammaffaan tapha Ingilaandii fi Iraan taphatame irratti goolii eegaan Iraan Alireza Beyravand walakkaa jalqabaa irratti miidhamuun daqiiqaan 14 dabalamee ture.

Taphuma kanarratti boqonnaa boodaas daqiiqaan 13.05 dabalamee ture.

Ramaddii 3ffaan tapha Sa’uudi Arabiyaan Arjantiinaa 2 fi 1’n injifatan irratti taphataan sarara ittisaa Sa’uudi Arabiyaa



Yaasir Al-Shaaraanii boqonnaa booda miidhaa cimaan isarra gahuu hordofee yeroon qisaasame daqiiqaan 13.53 dabalamee ture.

Haala walfakkaatuun tapha Ameerikaa fi Weelsi irratti daqiiqaan 10.32 kan dabalame yoo tahu, tapha Senegaaliifi Neezarlaandi taphatan irrattiis daqiiqaan 10.03 dabalamee ture.

Waancaa Addunyaa 22ffaa irratti taphoota jalqabaa 6 irratti daqiiqaan 85 ol dabalamee jira. Maatiin kubbaa miilaa yeroon dabalataa maaliif

*Gara fuula 2 tti naanna’e*

**Jaalalaa Fi Dhiifamaan Idaa’amuun Bu’ura Jabaa Amna Badhaadhina Keenyaati!!**